MANA HOJII ABBAA ALANGAA WALIIGALAA OROMIYAA
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
OROMIA ATTORNEY GENERAL
FINFINNEE/ፊንፊኔ/FINFINNE

Guyyaa/ቀን 8/09/14
Date
Lakk/ቁጥር [illegible]
Ref.No

**Damee Dhaabbii 3 tiif**
**Waajjira Abbaa Alangaa Godinaalee 22 tiif**
**B/Jirtanitti**

Dhimmi:-**Qajeelfama Guddinaa fi Jijjiirraa Abbootii Alangaa Erguu Ilaallata.**

Akkuma gubbaa irratti ibsuuf yaalametti Gumiin Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaa walgahii gaafa **18/08/2014** gaggeeseen bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Naamuusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013** keewwata **153** irratti tumameen **Qajeelfama Guddinaa fi Jijjiirraa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 17/2014** mirkaneessee jira.

Haaluma kanaan, isinis kanuma beektanii Qajeelfama kana guyyaa mirkanaa'e irraa eegalee hojii irra akka oolchitan isin beeksifna.

Nagaa Wajjin!

Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ
Oromia Regional ... ey General

Addunyaa Ahmad Ussoo
አዱኛ አህመድ ኡሶ
Hooggantuu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ቢሮ ኃላፊ

**G/G**

- Biiroo Maallaqaa Oromiyaa tiif
  **Finfinnee**
- Waajjira AAWO tiif
- Daay/K/B/H/G. tiif
- Daay/B/B/F/Q/ tiif
- Daay/W/Q/H/S/ tiif
- Daay H/Q/N/ fi Waajjira Gumii tiif
  **BAAWO**
- Waajjira Maallaqaa Godinaalee 22 tiif
  **B/Jirtanitti**

☎ 011-550-8204 ✉ 9156,Finfinnee, Itiyoophiyaa Faaksii/ፋክስ/Fax:- 011-550-1824/1825 email:-mhaawo2011@gmail.com
Deebiin yemmuu nuuf barreeffamu lakkoofsi xalayaa keenyaa haa ibsamu.
መልሱን ሲጽፉልን የደብዳቤያችንን ቁጥር ይጥቀሱ::

Qajeelfama Lakkoofsa 17/2014

## Qajeelfama Guddinaafi Jijjiirraa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013** keessatti dhimma guddinaafi jijjiirraa Abbootii Alangaa ilaachisee tumame raawwachiisuuf hojiimaata iftoominaafi ittigaafatamummaa qabu diriirsuuf qajeelfama baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Lakkoofsa 218/2013 Keewwata 153 tiin Gumiin Waliigalaa Qajeelfama kana baaseera.

### Kutaa Tokko
### Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Qajeelfamni kun "**Qajeelfama Guddinaafi Jijjiirraa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 17/2014**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, qajeelfama kana keessatti:

   1) "**Biiroo**" jechuun Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaati.
   2) "**Dambii**" jechuun Dambii Bulchiinsaafi Naamusa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa **218/2013** jechuudha.
   3) "**Guddina Dalgee**" jechuun akkaataa Dambii Lakkoofsa 218/2013 keewwata 28tiin sadarkaa gita hojii Abbaa Alangaa tokko irraa gara sadarkaa gita hojii itti aanuutti karoora bara bajatichaaf Biiroon qophaa'een dorgommiin Abbootii Alangaa gidduutti taasifamee Abbootii Alangaa dorgoman keessaa kan qabxii caalmaa fidan kan itti guddatanidha.
   4) "**Guddina Olee**" jechuun Abbaan Alangaa tokko Abbaa Alangaa aanaa irraa gara Abbaa Alangaa Godinaa sadarkaa tokkoffaatti yookiin Abbaa Alangaa godina irraa gara Abbaa Alangaa Naannoo sadarkaa tokkoffaatti kan itti guddatudha.
   5) "**Iskeelii Mindaa**" jechuun Abbaan Alangaa tokko sadarkaadhuma irra jirutti garaagarummaa mindaa ka'umsaa sadarkichaafi fiixee sadarkichaa gidduu jiru waggaa lama lamaan dabalata mindaa iskeelii tokko argatudha.
   6) "**Gargaaraa Abbaa Alangaa**" jechuun ogeessa seeraa ulaagaa Dambichaa Keewwata 5 jalatti tumaman guutee Biirichaan qacaramuun hojii Abbaa Alangummaa irratti ramadamee Abbaa Alangaa gargaaraa jirudha.
   7) "**Gumii Waliigalaa**" jechuun qaama qacarrii, muudama, ramaddii, guddina, jijjiirraa, mindaafi faayidaa adda addaa, naamusa, sooramaafi dhimmoota biroo bulchiinsa

Abbaa Alangaa Naannichaa ilaallatan murteessuuf akkaataa Dambichaatiin hundeeffamedha.

8) **"Gumii Godinaa"** jechuun qaama sadarkaa Godinichaatti dhimma ramaddii, jijjiirraa, naamusaafi kanneen biroo bulchiinsa Abbaa Alangaa ilaalchisee adda bahee kennameef murteessuuf akkaataa Dambichaatiin hundeeffamedha.

9) **"Jijjiirraa Addaa"** jechuun yeroo jijjiirraan Abbootii Alangaa idilee itti raawwatamu osoo hin eegiin ulaagaa Dambichaa, keewwata 35 irratti hundaa'uun yeroo kamiyyuu kan raawwatamudha.

10) **"Jijjiirraa Idilee"** jechuun jijjiirraa Abbootii Alangaa karooraan hogganamu ta'ee waggaatti al tokko akkaataa qajeelfama kanaatiin dorgommii irratti hundaa'ee kan raawwatamudha.

11) **"Muudamaa Gumii Biroo"** jechuun Ogeessa ogummaa addaa kanneen akka ogummaa Poolisummaa, Odiitii, Bittaa, Mahaandisiifi kanneen kana fakkaatan qabaniifi hojii Abbaa Alangummaa ogummaa qabaniin deeggaruun bu'aa qabeessa taasisuuf Gumii Waliigalaatiin kan muudamudha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaafi Sadarkaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti Gorsaa Biirootiin ala, Abbootii Alangaafi akkaataa barbaachisummaa isaatti muudamtoota Gumii kan biroofi Gargaaraa Abbaa Alangaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**5. Kaayyoo**

Qajeelfamni kun kaayyoowwan armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Sirni guddinaafi jijjiirraa Abbootii Alangaafi muudamtoota Gumii kan biroo iftoomina akka qabaatuufi haala ittigaafatamummaa hordofsiisuun akka raawwatamu taasisuu;

2) Hojiifi hojjetaa walqunnamsiisuufi rakkoo hawwasummaa Abbaa Alangaa mudatu hiikuudhaan hojii isaa tasgabbiidhaan akka hojjetu taasisuu; fi

3) Abbaan Alangaa miira tajaajiltummaa goonfatee akka hojjetuufi sirni dorgommii guddina sadarkaa iftoominaafi ittigaafatamummaa qabu akka jiraatu taasisuun kaka'umsa hojii isaa akka dabalu taasisuu dha.

**6. Qajeeltoowwan Bu'uuraa**

1) Jijjiirraafi guddinni sadarkaa kamiyyuu haala iftoomina, haqummaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuun raawwatamuu qaba.

2) Sirni dorgommii jijjiirraafi guddina sadarkaa, naamusaa, kaka'umsaafi raawwii hojii Abbaa Alangaa haala cimsuun raawwatamuu qaba.

Abbaa Alangaa ... Oromia Regional ... General

## Kutaa Lama

## Haala Raawwii Guddinaafi Jijjiirraa Abbaa Alangaa

### Kutaa Xiqqaa Tokko

### Haala Raawwii Guddina Sadarkaa Abbaa Alangaa

**7. Haala Guddinniifi iskeeliin Miindaa Itti Kennamu**

1) Guddinni oleefi dalgee kan raawwatamu dorgomiidhaan qofa ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, dorgommii guddina oleetiif qormaatni dabalataan kan kennamu ta'a.
3) Guddinni sadarkaa kan gaggeffamu beeksisa baasuudhaan ta'ee, beeksisa bahu irrattis sadarkaa gitni hojii dalgee yookiin bakka guddinni olee itti kennamu addaan bahee ibsamuu qaba.
4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin beeksisni bahu guyyoota hojii kudhaniif gabatee beeksisaa Biirichaafi caasaa isaa sadarkaan jiru irratti maxxanfamee kan turu ta'ee, akkaatuma barbaachisummaa isaatti mala sabqunnamtii birootiinis ibsamuu ni danda'a.
5) Abbootiin Alangaa haala walfakkaataa keessa jiran guddina sadarkaatiif dorgomanii qabxii walqixa yoo fidan dorgomaa madaallii raawwii hojiitiin qabxii caalmaa qabuuf dursi ni kennama;
6) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5tiin adda baasuun kan hindanda'amne yoo ta'e Abbaa Alangaa sadarkaa barumsaatiin ol'aanaa ta'eef dursi ni kennama;
7) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 fi 6tiin adda baasuun kan hin danda'amne yoo ta'e, dorgomaa madaallii naamusatiin qabxii olaanaa qabuuf kan kennamu ta'a.
8) Abbaan Alangaa tokko guddina dalgee erga argatee booda guddina dalgee itti aanuuf dorgomuu kan danda'u yookiin iskeelii mindaa argachuu kan danda'u sadarkaa itti guddate irratti yoo xiqqaatee waggoota lamaaf kan tajaajile yoo ta'ee qofadha.
9) Keewwata kana keewwata xiqqaa 8 jalatti kan ibsame jiraatuyyuu, guddina dalgee argachuun guddina oleef dorgomuu hin dhorku.
10) Abbaan Alangaa tokko guddina olee erga argatee booda guddina dalgee yookiin olee itti aanuuf dorgomu, yookiin iskeelii mindaa argachuu kan danda'u sadarkaa itti guddate irratti yoo xiqqaate waggoota lamaaf kan tajaajile yoo ta'e qofadha.
11) Abbaan Alangaa Godina irraa gara Biirootti yookiin Aanaa irraa gara Godinaatti yemmuu guddatu akkuma walduraa duuba isaaniitiin Abbaa Alangaa Naannoo sadarkaa 1ffaa yookiin Abbaa Alangaa Godinaa sadarkaa 1ffaa ta'ee kan ramadamu ta'a.
12) Abbaan Alangaa tokko sadarkaa guddina dalgee itti ramadame irratti turmaata waggaa lama booda guddina sadarkaalee dalgee itti aanan lama hin caalle irratti Abbootti Alangaa jiran waliin dorgomuu ni danda'a.

13) Abbootiin Alangaa guddina oleetiif dorgomanii qabxii caalmaa fidan keessaa gara Biirootti yookiin gara Godinaatti guddachuuf dorgomanii osoo hin argatiin hafan keessaa akkaataa walduraa duuba qabxii argataniitiin baay'ina isaanii haala Gumiin murteessuun akka eeggataatti qabamanii bara baajataa dorgommichi itti gaggeeffame sana keessatti ji'oota jahaaf eeggatoota ta'anii ni turu.

14) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 11tiin Abbootiin Alangaa guddina oleetiif dorgomanii qabxii caalmaa fidanii darban sababa adda addaatiin iddoo yookiin bakka itti guddatan irratti hojii jalqabuu yoo hin dandeenye akkaataa walduraa duuba qabxii argataniin Abbootii Alangaa eeggataa ta'uun qabaman keessaa akka irratti guddatan ni taasifama.

15) Abbaan Alangaa guddina oleetiif dorgomee darbe sababa gahaa malee iddoo Biiroon isa ramadetti deemee hojjechuuf feedhii kan hin qabne yoo ta'e, waggaa lamaaf guddina oleetiif dorgomuu hin danda'u.

16) Abbaan Alangaa kamiyyuu mindaa haaraa argatee waggaa lama erga tureen booda madaalliin raawwii isaafi naamusni isaa gahaa ta'ee yoo argame waggaa lama lamaan iskeelii mindaa tokko akkaataa miiltoo 3ffaa Qajeelfama kanaan walqabatee jiruutiin argachuu ni danda'a.

17) Iskeeliin mindaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa16tiin kennamu kan hojjetamu guddinni sadarkaa bara bajatichaa erga hojjetamee xumurameen booda ta'uu qaba.

18) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 16tiin iskeelii mindaa argachuun guddina olee yookiin dalgeetiif dorgomuu kan dhorkisiisuu miti.

19) Abbaan Alangaa daballii iskeelii mindaa erga argatee booda guddina dalgee kan argatu yoo ta'e, sadarkaa dalgee irratti guddate keessatti iskeelii mindaa duraan tureen walfakkaatu irra jiru kan argatu ta'a.

**8. Guddina Dalgeefi Muudama Gargaaraa Abbaa Alangaa**

1) Namni Gargaaraa Abbaa Alangaa ta'uun ramadamee tajaajilaa jiru guddina dalgee dorgomuu kan danda'u:
   (a) Leenjii yeroo dheeraa hojiirraa fudhachuun kan xumure yoo ta'e;
   (b) Abbaa Alangaa ta'uun kan muudame yoo ta'e; fi
   (c) Guyyaa Gargaaraa Abbaa Alangaa ta'ee ramadame irraa eegalee waggaa lamafi isaa ol kan tajaajile yoo ta'edha.

2) Gargaaraan Abbaa Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin ulaagaa taa'e guute, Abbaa Alangaa Aanaa sadarkaa 2ffaa ta'ee kan muudamu ta'a.

3) Biiroon ogeessa seeraa Gargaaraa Abbaa Alangaa taasisuun ramade, guyyaa ramade irraa eegalee yeroo waggaa lama hin caalle keessatti leenjii yeroo dheeraa hojiirraa akka argatu haala mijeessuu qaba.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, sababa Biirichi yeroo waggaa lamaa keessatti leenjiif haala mijeessuu hin dandeenyeef, Gargaaraan Abbaa Alangaa waggaa lama keessatti Abbaa Alangaa ta'ee hin muudamiin, yeroo Abbaa Alangaa ta'ee muudamutti sadarkaa irra gahuu malutti kan muudamu ta'a.

5) Tajaajilli Gargaaraa Abbaa Alangaatiin kenname akka muuxannoo hojii Abbaa Alangummaatti kan lakka'amu ta'a.

6) Gargaaraan Abbaa Alangaa osoo Abbaa Alangaa ta'ee hin muudamiin akkaataa Dambicha keewwata 112 hanga keewwata 114 jalatti tumameen balleessaa naamusaa:

   (a) cimaafi giddugaleessaa raawwachuun isaa Gumii Waliigalaatiin itti amaname Abbaa Alangummaan osoo hin muudamiin hojii irraa kan gaggeeffamu ta'a;

   (b) salphaa raawwachuun isaa Gumii Waliigalaatiin itti amaname, yeroon muudama isaa ji'a 6 (jahaa)tiif dheeratee naamusni isaa hordofamee ammas kan hin fooyyofne yoo ta'e hojii irraa kan gaggeeffamu ta'a.

7) Keewwata kana Keewwata xiqqaa 6(b) jalatti kan tumame jiraatus, Gargaaraan Abbaa Alangaa balleessaa naamusaa salphaa lamaa fi isaa ol yeroo tokkotti yookiin daangaa waggaa tokkoo keessatti yeroo adda addaatti raawwachuun isaa Gumii Waliigalaatiin itti amaname Abbaa Alangummaan osoo hin muudamiin hojii irraa kan gaggeeffamu ta'a.

**9. Qabiyyee Beeksisa Dorgommii Sadarkaa Guddinaa**

Beeksisni dorgommii sadarkaa guddinaa bahu qabiyyeewwan armaan gadii qabaachuu qaba:

1) Sadarkaa gita hojii dalgee yookiin bakka guddinni olee itti kennamu;
2) Mindaa;
3) Baay'ina iddoo banaa jiruu;
4) Maqaafi teessoo Biirichaa yookiin caasaa Biirichaa guddinni dalgee yookiin olee itti gaggeeffamu;
5) Dandeettiifi naamusa barbaachisu;
6) Muuxannoo guddinichaaf barbaachisu;
7) Sadarkaa barumsaa;
8) Qabxii madaallii raawwii hojii;
9) Iddoo galmeen itti gaggeeffamu, guyyaa, sa'aatiifi ulaagaalee Biirichi gaafatu kan biroo.

**10. Deeggarsa Addaa Dubartootaafi Qaama Miidhamtootaaf Taasifamu**

1) Dorgommiin guddina sadarkaa yemmuu raawwatamu qaama miidhamtootaaf qabxiin 4, dubartootaaf qabxiin 3 dursee ni ida'amaaf;
2) Dorgomaan tokko deeggarsa dabalataa tokkoo oliin fayyadamaa yoo ta'e, qabxii deeggarsa dabalataa keessaa inni ol'aanaan qofti kan qabamuuf ta'a.

Abbaa Alangaa ... Oromia Regional ...

3) Abbootiin Alangaa guddina sadarkaatiif dorgoman qabxii walqixa kan fidan yoo ta'e, dubartootaafi qaama miidhamtootaaf dursi ni kennama.

4) Dorgomtoonni dubartiifi qaama miidhamaan tokko qabxii walqixa yoo fidan qaama miidhamaaf dursi ni kennama, haa ta'u malee dorgomtoonni lamaanuu qaama miidhamaa yoo ta'an dubartii miidhaa qaamaa qabduuf dursi ni kennamaaf.

5) Tumaaleen keewwata kanaa dorgommii jijjiirraatiifis raawwatiinsa ni qabaatu.

## 11. Waa'ee Abbootii Alangaa Carraa Barnootaa yookiin Leenjii Argatanii

1) Abbaan Alangaa carraa barumsaa kennameefii hojii isaa irraa bilisa ta'e barachaa jiru, yeroo barumsa irra jiru sanatti guddina dalgeefi oleetiif dorgomuu hin danda'u.

2) Abbaan Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin barnoota isaa xumuruun sadarkaa barumsaa gosa barnoota seeraa yookiin barnoota seeraatiin walitti dhufeenya qabutti fooyyeffate guddina dalgee tokko kan argatu ta'a. Abbaa Alangaa barnoota isaa fooyyeeffate sadarkaa dalgee isa olaanaa irra kan jiru yoo ta'e, iskeelii mindaa lama kan argatu ta'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma eegameetti ta'ee, Abbaan Alangaa barnoota al-kallattii ta'een fooyyeeffate iskeelii mindaa lama kan argatu ta'a.

4) Abbaan Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin hayyama Biirichaatiin hojii iraa bilisa ta'ee barachaa ture yammmuu barumsa isaa xumuru hanga beeksisni dorgommii olee yookiin jijjiirraa bahee dorgomutti bakkuma duraan turetti deebi'ee kan hojjetu ta'a.

5) Abbaan Alangaa hayyama Biirichaatiin hojiirraa bilisa ta'ee barachuuf Biiricha waliin waliigaltee seene bu'uura waliigaltichaatiin yeroo waliigalticha keessatti ibsame keessatti barnoota isaa sababa kamiiniyyuu osoo hin xumurin kan hafe yoo ta'e guyyaa waliigaltichi xumurame irraa eegalee ji'aa tokko keessatti Biiricha beeksisuun itti fufee barachuuf hayyama Biirichaa argachuun waliigaltee dabalataa yeroo turmaata isaa hafeef seenuu qaba.

6) Abbaan Alangaa hayyama Biirichaatiin hojiirraa bilisa ta'ee barachuuf Biiricha waliin waliigaltee seene bu'uura waliigaltichaatiin yeroo waliigalticha keessatti ibsame keessatti osoo hin xumuramin barnoota isaa sababa kaminiyyuu addaan kan kute yoo ta'e, guyyaa barnoota isaa addaan kute irraa eegalee ji'a lama keessatti Biiricha beeksisuun ittifufee barachuuf hayyama Biirichaa argachuun waliigaltee dabalataa seenuu qaba.

7) Abbaan Alangaa hayyama Biirichaatiin hojii irraa bilisa ta'ee barnoota isaa fooyyeeffate barnoota isaa erga xumuree booda dachaa yeroo barnoota irra ture Biiricha tajaajiluuf dirqama qaba.

8) Abbaan Alangaa barnoota isaa addaan kuteefi deebi'ee barachuu kan hin barbaadne yoo ta'e, hanga yeroo barnoota irra ture dachaa isaa Biiricha tajaajiluuf dirqama qaba.

Abbaa Alangaa ... Oromia Regiona

9) Abbaan Alangaa barnoota isaa xumuree dirqama yeroo Biiricha tajaajiluu qabu keessaa harka walakkaa yoo tajaajile carraa barnoota birootiif dorgomuu ni danda'a.

10) Abbaan Alangaa barnoota isaa addaan kute carraa barnoota biraa argachuu kan danda'u dirqama keewwata kana keewwata xiqqaa 8 jalatti ibsame kan bahe yoo ta'e dha.

11) Biirichi akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 fi 5tiin Abbaa Alangaa barnoota isaa osoo hin xumurin hafe yookiin kan addaan kute yoo ta'e, waliigaltee isaa haaromsuuf sababa gahaan jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Waliigaltichiis yeroo tokko qofaaf kan haaromsamuuf ta'a.

12) Abbaan Alangaa yeroo waliigaltee Biiricha waliin taasise keessatti barumsa isaa kan hin xumurre ta'uu isaa yookiin addaan kutuu isaa yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa 4 fi 5 jalatti ibsame keessatti Biirichaaf kan hin beeksisne yoo ta'e, Waajjirri Gumii akkaataa seeraatiin beeksisa baasuun tarkaanfiin barbaachisaan akka fudhatamu ni taasisa.

## 12. Abbaa Alangaa Balleessaa Naamusaatiin Adabame yookiin Himatame

1) Dambicha keewwata 134 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaan Alangaa:
   (a) Adabbii naamusaatiin adabame guddina sadarkaaf dorgomuu kan danda'u akkaataa Dambicha keessatti tumameen yeroo rikardii adabbichaa xumuramuun kan moggaafame yoo ta'e qofadha.
   (b) Dhimmi naamusa isaa qoratamaa jiru yookiin himanni naamusaa irratti dhiyaatee adeemsa irra jiru guddina sadarkaa dorgomuu hin dhorkamu.

2) Yeroon turmaata rikardii balleessaa adabbii naamusaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti tumame kan shallagamu akkaataa Dambichaa keewwata 135tiin ta'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) jalatti kan tumame jiraatus, Abbaan Alangichaa guddina sadarkaatiif dorgomee kan darbe yoo ta'e, dhimmichi murtii dhumaa hanga argatutti guddinni isaa dhorkamee kan turu ta'a.

4) Guddinni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin dhorkamee ture Abbaa Alangichaaf kan kennamu guyyaa dhimma naamusaa ittiin himatame irraa bilisa ta'uun isaa murtaa'e irraa eegalee ta'a.

5) Abbaan Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin guddinni isaa daangeeffamee ture bilisa yoo baheefi guddini Abbaan Alangicha itti dorgomee ture:
   (a) Guddina olee yoo ta'ee, Gumiin Waliigalaa iddoo duwwaa baajata qabutti kan isa ramadu ta'a;
   (b) Guddina dalgee yoo ta'e, idduma jirutti gudinni dalgee akka gadi-lakkifamuuf ta'a.

13. **Sadarkaa Irraa Gadi Bu'uun Bu'aa Guddina Dalgee Irratti Qabu**

1) Abbaan Alangaa kamiyyuu adabbii naamusatiin sadarkaa duraan irra ture irraa kan gadi bu'e yoo ta'e, rikardii adabbiin itti kenname xumuruun yoo moggaafame dorgommii malee sadarkaa duraan irra turetti ni deebi'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbaa Alangichaa guddina sadarkaatiif dorgomuu kan danda'u guyyaa sadarkaa duraan irra turetti deebi'e irraa eegalee waggaa lamaaf tajaajiluu qaba.
3) Abbaan Alangaa kamiyyuu raawwiin hojii isaa gahaa ta'uu dhabuun sadarkaa dura qabatee ture irraa kan gadi bu'e yoo ta'e, yeroon turmaata guddina dalgee guyyaa sadarkaa irra ture irraa gadi bu'e irraa kaasee kan lakkaa'amu ta'a.

14. **Galmeessuufi Ragaa Qindeessuu**

1) Abbaan Alangaa beeksisa guddina dalgeefi olee bahe irratti dorgomuu kan barbaadu yoo ta'ee ragaalee guddinichaaf na faayyada jedhu orijinaalaafi waraabbii isaa waliin dhiyeessuun waajjira Abbaa Alangaa keessa hojjechaa jirutti unka guddina sadarkaa guutee galmaa'uu qaba.
2) Ragaan bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin dhiyaatu ragaa duraan galmee dhuunfaa Abbaa Alangichaa keessa jiru yookiin ragaa yeroo beeksisichi qilleensa irra turutti kan dhiyaate ta'uu qaba. Ragaan guyyaa beeksisichi xumurameen booda dhiyaatu dorgommichaaf fudhatama hin qabaatu.
3) Waajjirii Abbaa Alangaa Aanaa ragaa madaallii raawwi hojii, unka iyyannoo Abbaa Alangichaan guutameefi ragaalee guddina sadarkaatiif na faayyada jedhee dhiyeeffate qindeessee Waajjira Abbaa Alangaa Godinaaf erguu qaba.
4) Waajjirri Abbaa Alangaa Godinaa ragaa madaallii raawwii hojiifi ulaagaalee biroo guddinichaaf barbaachisu qindeessuun unka iyyannoo guddina Abboottii Alangaa sadarkaa dalgeefi oleetti dorgomuuf galmaa'an waliin gara Biirootti erguu qaba.
5) Akkaataa keewwata keewwata xiqqaa 4 tiin Waajjirrii Abbaa Alangaa Godinaa ragaalee qindeessee Biiroof ergu sirrummaa ragaa, shallaggii barnootaafi muuxannoo hojii Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Godinaatiin mirkaneessisee erguu qaba.
6) Waajjirri Gumii ragaalee Waajjiralee Abbaa Alangaa godinaatiin ergameefi ulaagaalee guddina sadarkaaf ka'aman bu'uureeffachuun Abbootti Alangaa guddina sadarkaaf dorgoman addaan baasee yaada murtii waliin Gumiin Waliigalaa akka murteessu ni dhiyeessa.
7) Qaamni kamiyyuu ragaa dorgommiif guutamee ergamuu qabu irratti of eeggannoo gochuu dhabuun yookiin ta'e jedhamee ragaa sirrii hin taane kan dabarse yoo ta'e ittigaafatamummaan kan irratti mirkanaa'u ta'a.

### 15. Ulaagaaleefi Qabxii Dorgommii Guddina Sadarkaa

1) Ulaagaaleefi qabxiin dorgommii guddina sadarkaa Abbootti Alangaa kanneen armaan gadii irratti kan hundaa'u ta'a:
   (a) Madaallii raawwii hojii %50;
   (b) Sadarkaa barumsaa % 20;
   (c) Naamusa % 10;
   (d) Muuxannoo Hojii % 20.
2) Guddina oleetiif qormaanni kan kennamu ta'ee, qabxiin madaallii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a-d) jalatti ibsame ida'amni isaa % 100 keessaa argame gara %60 tti jijjiiramee kan qabamuufi qabxiin hafe % 40 qormaata kennamu irraa kan shallagamu ta'a.
3) Qormaanni barreeffamaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin guddina oleetiif kennamu haala dandeettii ogummaa Abbaa Alangaa mirkaneefachuu dandeessisuun kan qophaa'u ta'ee qaama Gumiin Waliigalaa qormaata akka kennu filatuun kan kennamu ta'a.

### 16. Haala Kenniinsa Qabxii Dorgommii

1) Madaalliin raawwii hojii kan Abbaan Alangichaa waggoota lamaa walitti aansee giddugaleessaan argate qabxii 0.5 tiin baay'isuun bu'aan argame % 50 keessaa kan qabamuuf ta'a.
2) Sadarkaan barumsaa % 20 keessaa ta'ee haala armaan gadiitiin kan qabamu ta'a :
   (a) Dippiloomaaf-------- % 14;
   (b) LLB tiif---------------- % 16;
   (c) LLB + MA tiif----------- %17;
   (d) LLB+LLM tiif ------------ % 18;
   (e) LLB+PHD/LLD tiif ---------- % 20.
3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a-e)tiin ragaan barnootaa dhiyaatu akkaataa imaammata barnootaatiin sadarkaan barumsa isaa ragaa mirkaneessa gahumsa ogummaa (CoC) yookiin qormaata bahiinsaa (Exit Exam) kan barbaachisu yoo ta'e dorgomuuf kan danda'u ragaa kana kan dhiyeesse yoo ta'e qofa ta'a.
4) Abbaan Alangaa LLB irratti qormaata bahiinsaa (Exit Exam) darbuun akkaataa imaammata barnootaatiin irraa eegamu, sadarkaa barnoota isaa LLM yookiin Digrii 2[ffaa]tti fooyyeffatee guddina sadarkaaf dorgomuu kan danda'u, ragaa qormaata bahiinsaa darbuu isaa mirkaneessu yoo dhiheesse qofa ta'a.
5) Abbaan Alangaa kanaan dura muudamee hojii irra jiru akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin sababa barumsi isaa ragaa mirkaneessa gahumsa ogummaa (CoC) yookiin qormaata bahiinsaa (Exit Exam) barbaachisu dhiheessuu dhabeef

guddina sadarkaatiif dorgomuu dhabe iddoo jirutti turee waggaa lama lamaan iskeelii mindaa kan argatu ta'a.

6) Naamusaaf %10 keessaa kan qabamu ta'ee, bu'uura Qajeelfama Sirna Madaallii Abbaa Alangaa Lakk. 15/2013 tiin qabxiin madaallii dhiima naamusaa irratti argate kan waggaa lamaa giddugaleessan 10 keessa kan qabamuuf ta'a.

7) Qabxiin muuxannoo hojiitiif kennamu % 20 keessaa ta'ee, Abbaan Alangaa muuxannoo hojii waggaa 20 fi sanaa ol qabu %20 keessaa qabxiin guutuun kan kennamuuf ta'ee, Abbaan Alangaa muuxxanoon hojii isaa19 fi isaa gadi ta'ee immoo muuxannoo hojii waggaa tokko tokkoof qabxiin 0.5 irraa hir'ifamee qabxii 20 keessaa kan shallagamuuf ta'a. Haalli raawwii isaa akkaataa miiltoo 1ffaa qajeelfama kanaan walqabateen ta'a.

8) Akkaataan shallaggii muuxannoo hojii Abbaa Alangaa dorgommii guddina kanaaf qofa haala shallaggiif mijachuu danda'uun tajaajilli waggoota irratti dabalataan ji'oota sagaliifi isaa ol yoo ta'e akka waggaa tokko guutuu tajaajileetti kan lakkaa'amu ta'a. Muuxannoo hojii waggoota irratti dabalataan jiru ji'oota sagalii gadi ta'e hin shallaggamu.

## 17. Haala Shallaggii Muuxannoo Hojii

1) Muxannoon hojii Abbaa Alangaa muuxannoo kallattiifi al kallattiin ta'a.

2) Muuxannoon kallattii muxannoo hojii gosa tajaajila ogummaa Abbaa Alangummaan yookiin Abbaa Seerummaan yookiin Abukaattummaan yookin Abukaatoo Ittisaatiin yookiin ogeessa seeraatiin yookiin barsiisummaa seeraatiin yookiin dubbi fixaa manneen hojii mootummaatiin kenname akka muxannoo hojii kallatiitti lakka'amee guutuuma guutuutti kan qabamu ta'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee tajaajilli sadarkaa barumsa dippiloomaa seeraafi sanaa oliitiin kenname akka muuxannoo kallattitti kan fudhatamu yoo ta'u tajajjilli sartifikeetii seeraatiin kennamaa ture immoo harka afur keessaa harki tokko kan qabamuuf ta'a.

4) Muuxannoo alkallattii muuxannoo hojii tajaajila ogummaa poolisii qorataa yakkaatiin yookiin kan kanaan walfakkaatuun gara hojii Abbaa Alangummaatti osoo hin dhufiin dura kennaa ture akka muuxannoo hojii al-kallattii qunnamtii qabutti lakka'amee tajaajjilli inni hojii qorannaa yakkaatiin kenne barumsa seeraa gara dippiloomaa yookiin digiriitti erga fooyyeffatee booda yoo ta'e walakkaan isaa ni qabamaaf. Haata'u malee, tajaajilli inni sadarkaa barumsa isaa osoo gara dippiloomaa seeraatti yookiin isaa olitti hin fooyyeffatiin dura hojii qorataa poolisummaatiin tajaajila kennaa ture harka afur keessaa harki tokko kan qabamuuf ta'a.

Oromia Regiona ★ Abbaa Alangaa

5) Muuxannoon hojii Abbaan Alangichaa hojii mootummaa birootiin qabu akka muuxannoo hojii al kallattiitti qunnamtii hin qabnetti lakka'amee harka afur keessaa harki tokkoo ni qabamaaf.

6) Abbaan Alangaa hojii Abbaa Alangummaa isaatiin alatti dandeettiifi muuxannoo addaa qabuun hojii addaa Biiricha fayyadu kan hojjeteefi sababa hojii addaa inni hojjeteen uummanni yookiin manni hojjichaa inni itti hojjechaa jiru yookiin biiroon kan irraa fayyadame yookiin fayyadamuu danda'u ta'uu Gumii Waliigalaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'e, dorgommii guddina olee irratti qabxii muuxannoo argate irratti qabxiin 5 (shan) kan dabalamuuf ta'a.

## 18. Muuxannoo Hojiifi Sadarkaa Barnootaa Guddina Oleef Barbaachisu

1) Abbaan Alangaa kamiyyuu Aanaa irraa gara Godinaatti guddachuuf yoo xiqqaate sadarkaa barnootaafi muuxannoo Abbaa Alangummaa armaan gadii qabaachuu qaba:
   (a) LLB fi muuxanoo hojii waggaa 6 (jaha); yookiin
   (b) LLB fi MA, fi muuxannoo hojii waggaa 5 (shan); yookiin
   (c) LLM fi muuxannoo hojii waggaa 4 (afuri).

2) Abbaan Alangaa kamiyyuu Godina irraa gara Naannootti guddachuuf yoo xiqqaate sadarkaa barnootaafi muuxannoo Abbaa Alangummaa armaan gadii qabaachuu qaba:
   (a) LLB fi muuxanoo hojii waggaa 8 (saddeet); yookiin
   (b) LLB fi MA, fi muuxannoo hojii waggaa 7 (torba); yookiin
   (c) LLM fi muuxannoo hojii waggaa 6 (jaha).

## 19. Sababa Guddinni Sadarkaa Ittii Haqamu

Guddinni sadarkaa kenname sababa armaan gadiitiin haqamuu ni danda'a:

1) Dogoggora qaama dorgommicha gaggeesseen kan raawwatame yookiin Abbaan Alangaa guddina sadarkaatiif dorgomu ragaa sobaa dhiyyeessuudhaan guddina sadarkaa kan argate yoo ta'e yeroo kamiyyuu kan haqamu ta'a.

2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, guddinni sadarkaa dogoggora qaamni dorgommii gaggeesse raawwateen kenname guyyaa murtiin kenname irraa eegalee baatii 6 keessatti dogoggorri uumamuun isaa kan hin beekamne yoo ta'e, guddinni kenname hin haqamu.

3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin namni dogoggora kana raawwate akkaataa Dambichaafi seerota biroo rogummaa qabaniin kan ittigaafatamu ta'a.

## 20. Yeroo Guddinni Sadarkaa Itti Kennamu

1) Guddinni sadarkaa kan raawwatamu waggaatti yeroo tokko ta'ee, raawwiin isaa akkaataa armaan gaditiin ta'a:
   (a) Guddinni olee kan raawwatamu Muddee1 hanga Muddee 30 tti;
   (b) Guddinni dalgee kan raawwatamu Amajjii 1 hanga Amajjii 30 tti ta'a.

2) Waajjirri Gumii iddoo duwwaa guddina sadarkaa adda baasuun ragaa isaa qindeessuun beeksisa dorgommii guddina olee baatii Onkololeessa keessa, guddina dalgee immoo baatii Muddee keessa baasuu qaba.

3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 tiin dorgommii gaggessuuf muuxannoon hojii Abbaa Alangaa kan shallagamu hanga Muddee 30 bara dorgomichaatti jiru ta'a.

## Kutaa Xiqqaa Lama

## Haala Raawwii Jijjiirraa Abbaa Alangaa

### 21. Jijjiirraa Raawwachuuf Fedhii Jiru Adda Baasuu

1) Waajjirii Abbaa Alangaa Godinaa fedhii humna namaa dabalataan barbaadu sadarkaa Godinaafi Aanaatti iddoo banaa jiru baajata waliin adda baasee Adooleessa 1 hanga 25 tti Waajjira Gumiitiif beeksisuu qaba.

2) Waajjira Gumii fedhii humna namaa baajata waliin Waajjiraalee Abbaa Alangaa Godinaa irraa ergameef qindeessee Adooleessa 25 hanga 30 tti Gumii Waligalaatiif dhiyeessuu qaba.

3) Gumiin Waliigalaa fedhii humna namaa baajata waliin jiru erga addaan baasee booda karaa Waajjira Gumii beeksisni dorgommii jijjiirraa idilee akka bahu ni murteessa.

### 22. Beeksisa Jijjiirraa Idilee Baasuu

1) Akkaataa qajeelfama kana keewwata 21 keewwata xiqqaa 3 tiin murtii kenname bu'uura godhachuun Waajjirri Gumii beeksisa jijjiirraa Abbaa Alangaa Hagayya 1 hangaa Hagayya 10 tti baasuudhaan Waajjiraalee Godinaatiif erguu qaba.

2) Waajjiraaleen Abbaa Alangaa Godinaas beeksisa jijjiirraa Abbootii Alangaa Biiroodhaan bahe gabatee beeksisaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa irratti maxxansuudhaan guyyoota hojii kudhaniif tursiisuu qabu, akkasumaas Waajjiraaleen Abbaa Alangaa Aanaas akka maxxanfamu taasisuu qabu.

3) Waajjiraaleen Abbaa Alangaa Aanaas beeksisa jijjiirraa idilee Abbaa Alangaa karaa Godinaan isaan beeksifame bakka Abbootiin Alangaa Aanichaa arguu danda'anitti maxxansuudhaan guyyoota hojii kudhaniif tursiisuu qabu.

### 23. Galmeessuufi Ragaa Qindeessuu

1) Abbaan Alangaa beeksisa jijjiirraa bahe irratti hundaa'uun jijjiirraa kan gaafatu yoo ta'e, ragaalee jijjiirraaf isa deeggaran orijinaalaafi waraabbii qabachudhaan Waajjira Abbaa Alangaa keessa hojjechaa jirutti argamuun unka jijjiirraa idilee guutee galmaa'uu qaba.

2) Ragaan bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin dhiyaatu ragaa duraan galmee dhuunfaa Abbaa Alangichaa keessa jiru yookiin ragaa yeroo beeksisichi qilleensa irra turutti kan dhiyaate ta'uu qaba. Ragaan guyyaa beeksisichi xumurameen booda dhiyaatu dorgommii kanaaf fudhatama hin qabaatu.

Abbaa Alangaa ... Oromia Regiona...

3) Ragaa Abbaan Alangaa rakkoo haawasummaa mirkaneessuuf dhiheessu kan akka ragaa dhalootaa, ragaa gaa'elaa, ragaa du'aa, ragaa rakkoo fayyaa, rakkoo nageenyaafi kan kana fakkaatan ilaalchisee dhiyaatu qaama ragaa kana kennuuf aangoo qabu irraa kan dhiyaate ta'uu qaba.

4) Abbaan Alangaa Godina yookiin Aanaa itti jijjiiramuu barbaadu filannoo isaa hanga Godina sadii filachuun unka iyyannoo isaa irratti ibsuu qaba.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eggametti ta'ee, Abbaan Alangaa Aanaa Godina keessa hojjecha jiru keessatti Aanaa tokko irraa gara Aanaa birootti jijjiiramuu barbaadu bu'uura beeksisa jijjiirraa Godinichi baasuun Aanaa Godinichaa keessaa tokko hanga sadii filachuun unka iyyannoo dhimma kanaaf qophaa'u irratti guutuun dorgomuu ni danda'a.

6) Abbaan Alangaa iyyaannoo jijjiirraa dhiyeeffate yaada isaa jijjiirruu yoo barbaade Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa jijjiirraa osoo hin raawwatiin dura jijjiirraa kan hin barbaanne ta'uu barreeffamaan Gumiin akka beeku taasiisuu qaba.

7) Ragaan Abbaan Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin jijjiirraaf dhiyeeffatu waggaa lama asitti kan barreeffame ta'uu qaba.

8) Waajjiri Abbaa Alangaa Aanaa ragaa madaallii raawwii hojii, unka iyyannoo Abbaan Alangichaa guuteefi ragaalee jijjiirraaf nagargaara jedhee dhiyeeffate qindeessee Waajjira Abbaa Alangaa Godinaaf eerguu qaba.

9) Waajjirri Abbaa Alangaa Godinaa ragaa madaallii raawwii hojii, unka iyyannoo Abbootiin Alangaa Godina tokko irraa gara Godina birootti jijjiiramuuf guutaniifi ragaa jijjiirraaf fayyadu qindeessuun hanga Hagayya 15 tti gara Biirootti erguu qaba.

10) Gumiin Godinaa jijjiirraa Abbootti Alangaa Aanaa Godinichaa ragaa madaallii raawwii hojii guutamee Waajjiraalee Abbaa Alangaa Aanaa irraa isaa ergameefi ulaagaalee jijjiirraaf ka'aman irratti hundaa'uun jijjiirraa Abbootti Alangaa Aanaa tokko irraa gara Aanaa biraatti ni raawwata.

11) Waajjiri Gumii ragaalee Waajjiraalee Abbaa Alangaa Godinaatiin ergameefi ulaagaalee jijjiirraaf kaa'aman irratti hundaa'uun Abbaa Alangaa Godina tokko irraa gara Godina biraatti jijjiiramuuf gaafatan addaan baasee Gumiin Waliigalaa akka murteessu ni dhiyeessa.

12) Waajjirri Gumii sadarkaa Biirootti, Gumiin Godinaa sadarkaa Godinaattii akka barbaachisummaa isaatti koree jijjiirraa qindeessu hundeessuu ni danda'a.

**24. Yeroo Jijjiirraan Itti Raawwatamu**

1) Jijjiirraan idilee sadarkaa Gumii Waliigalaatiin taasifamu waggaatti yeroo tokkoo, Hagayyaa 15 hanga Hagayyaa 30tti kan raawwatamu ta'ee, kan Gumii Godinaatiin raawwatamu jijjiirraan Gumii Waliigalaatiin taasifamu erga xumuramee booda kan raawwatamu ta'a.

2) Jijjiirraan addaa yeroo jijjiirraa idilee osoo hin eegiin yeroo kamiyyuu raawwatamuu ni danda'a.

3) Abbaan Alangaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin jijjiirraa addaa gaafatu iyyata isaa barreeffamaan ragaa dhimma kanaaf na fayyada jedhu waliin deeggaree Waajjira Abbaa Alangaa Godina keessa hojjetutti yookiin Waajjira Gumiitti dhiyeeffachuu qaba.

4) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti tumame jiraatus, akkaatuma barbaachisummaa isaatti Gumiin Waliigalaa waggaatti yeroo lamaa jijjiirraan idilee akka gaggefamu murteessuu ni danda'a.

## 25. Jijjiirraa Biiroo Yookiin Waajjira Abbaa Alangaa Godinaatiin Raawwatamu

1) Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa barbaachisummaa hojiitiif yookiin humna namaa hojiif barbaachisu walsimsiisuuf yookiin Abbaan Alangichaa hojii isaa akkaataa barbaadamuun raawwachuu irratti hanqina qabaachuun isaa yoo mirkanaa'e yookiin sababa Abbaan Alangichaa carraa barnootaa argateen hojii irratti miidhaan kan dhaqqabu yoo ta'e, jiijjiirraa raawwachuu ni danda'a.

2) Gumiin Waliigalaa daarektoreetii tokko irraa gara daarektoreetii birootti, Gumiin Godinaa yookiin Ittigaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa adeemsa hojii tokko irraa gara adeemsa hojii birootti Abbaa Alangaa jijjiiree hojjechiisuu ni danda'a.

## 26. Abbaa Alangaa Ergisaan Fudhachuun Hojjechiisuu

1) Akkaataa Dambicha keewwata 55tiin bu'a qabeessummaa hojii Biirichaa dabaluuf barbaachisaa ta'ee yoo argame Gumiin Waliigalaa Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa irraa gara Godinaatti yookiin Godina irraa gara Naannootti ergisaan fudhachuun yeroo waggaa tokko hin caalleef dorgomsiisee hojjechiisuu ni danda'a.

2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin Abbaan Alangaa ergisaan fudhatamu ulaagaawwaan armaan gadii guutuu qaba:

   (a) Ergisaan hojjechuuf fedhii qabaachuu isaa kan ibsu iyyata Abbaa Alangichaa;

   (b) Bu'aan raawwii hojii isaa 65% fi isa ol kan qabu ta'uu;

   (c) Goodina yookiin Naannoo irratti ergisaan hojjechuuf akkaatuma wal duraa duuba isaatiin ulaagaa xiqqaa muuxannoofi barnootaa Abbaan Alangaa Godinaa sadarkaa 1ffaa yookiin Abbaan Alangaa Naannoo sadarkaa 1ffaa qabaachuu qabu kan guutu;

   (d) Naamusa isaatiin fakkeenyummaa gaarii kan qabu ta'uu;

   (e) Abbaa Alangaa Godina ergisaan itti fudhatamu keessa kan hojjetaa jiru ta'uu; fi

   (f) Ulaagaalee biroo Gumii Waliigalaatiin gaafataman guutuu.

3) Gumiin Waliigalaa ergisaan Abbaa Alangaa sadarkaa oliitti fudhatee hojjechiisuuf yemmuu murteessu sababa Abbaan Alangichaa ergisaan deemeef hojii irratti dhiibbaan kan hin dhaqqabne ta'uu mirkaneeffachuu qaba.

4) Abbaan Alangaa ergisaan akka hojjetu taasifame yeroo ergisaan hojjettu keessatti mindaa bakka dura itti hojjechaa ture qabatee faayidaa kiraa manaa, kaffaltii yaalaafi durgoo oolmaa bakka ergisaan hojjechuuf itti ramadametti hayyamame kan argatu ta'a.

5) Abbaan Alangaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin ergisaan fudhatame hanqinni humna namaa ture yoo furame yookiin yeroon turtii inni ergisaan itti fudhatame yoo xumurame dorgommii birootiin mo'atee yoo ture malee iddoo hojii duraan turetti kan deebi'ee ramadamu ta'a.

## 27. Jijjiirraa Waliigaltee Abbootti Alangaa Gidduutti Raawwatamu

1) Abbootiin Alangaa sadarkaafi mindaan isaanii walfakkaatu lama waliigaltee taasisuun Godina tokko irraa gara Godina biraatti jijjiiramuu kan barbaadan yoo ta'e iyyata isaanii Biirootti yeroo kamiyyuu dhiyyeeffachuu ni danda'u.
2) Abbootiin Alangaa sadarkaafi mindaan isaanii walfakkaatu Godina tokko keessa jiran waliigaltee taasisuun Aanaa tokko irraa gara aanaa biraatti jijjiiramuu yoo barbaadan iyyata isaanii Waajjira Abbaa Alangaa Godinaatiif dhiyyeeffachuu ni danda'u.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, jijjiirraan waliigaltee Abbootii Alangaa iddoo namni baay'een jijjiirraa itti gaafatan kanneen akka Godinaalee sadarkkaa 1ffaa yookiin aanaalee sadarkaa 1ffaa yookiin magaalota keessa jiraatan waliin taasifamuu fudhatama hin qabaatu.
4) Kewwata kana kewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Abbootti Alangaa waliigalteen jijjiirraa gaafatan giddutti garaagarummaan mindaa kan jiru yoo ta'e, Godinni yookiin Aanaan Abbaa Alangaa mindaa irra guddaa qabu ofiitti fudhatu waliigaluu isaa barreeffamaan kan mirkaneessu yoo ta'e qofa jijjiirraan raawwatama.
5) Iyyannoon jijjiirraa waliigaltee Abbootti Alangaa irratti hundaa'ee dhiyaatu fudhatama kan argatu Abbootiin Alangaa waliigaltee jijjiirraa dhiyeeffatan iddoo irraa gaafatan irratti yoo xiqqaate waggaa lamaafi isaa ol kan tajaajilaniifi Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa waliigaltee jijjiirichaa yoo hayyame qofa ta'a.

## 28. Ittigaafatamaa Yookiin Abbaa Alangaa Sababa Hojiitiin Mana Hojii Mootummaa Birootti Jijjiirame Yookiin Muudame

Ittigaafatamaan yookiin Abbaan Alangaa sababa hojiitiin mana hojii mootummaa birootti muudamaan yookiin jijjiirraan hojjechaa ture gara Biirichaatti deebi'uuf ulaagaa armaan gadii guutuu qaba:

1) Yeroo jijjiirraan deemu beekamtii Biirichaatiin kan deeme ta'uu isaa;
2) Yeroo turmaata mana hojii itti jijjiirame keessatti balleessaa naamusaa cimaan kan hin adabamne ta'uu isaa;
3) Biirichatti deebi'uuf iyyata kan dhiyeeffate ta'uu; fi

4) Iddoo Biirichi itti ramadutti hojjechuuf fedhii kan qabu ta'uu isaa.

**29. Jijjiirraa Abbaa Alangaa Naannoolee Biroo Waliin Taasifamu**

Gumiin Waliigalaa ulaagaa armaan gadii irratti hundaa'uun Abbaa Alangaa Naannoo biraa irraa jijjiirraan fudhachuun ramaduu ni danda'a:

1) Naannoo itti hojjechaa ture keessatti balleessaa naamusaatiin kan hin adabamneefi naamusa fakkeenyummaa qabu kan qabu ta'uu isaa;
2) Afaan Oromoo dubbachuu, dhagahuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u ta'uu isaa Gumii Waliigalatiin kan mirkanaa'e;
3) Leenjii hojii duraa yookiin hojii irra yeroo dheeraa fudhachuu isaatiif ragaa kan dhiyeesse ta'uu isaa;
4) Dhaabbata barnootaa seeraan beekamtii qabu iraa barnootaa seeraatiin digirii jalqabaafi isaa ol dhiyeessuu kan danda'u ta'uu isaa; Ragaan barnoota digirii seeraa akkaataa imaammata barnoota haraatiin qormaata bahumsaa (Exit Exam) kan gaafatu yoo ta'e ragicha dhiyeesuu isaa;
5) Iddoo itti ramadametti hojjechuuf fedhii kan qabu ta'uu isaa;
6) Iyyata Biirichaatti jijjiirramuuf kan dhiyeesse ta'uu isaa;
7) Qormaata kennamuuf kan darbu ta'uu; fi
8) Ragaa kan biroo Biirichi gaafatu dhiyeessuu kan danda'u ta'uu isaa.

**30. Baasii Jijjiirraa Abbaa Alangaa**

1) Abbaan Alangaa fedhii isaatiin gaaffii jijjiirraa dhiyeessuun kan jijjiirame yoo ta'e, baasiin jijjiirraaf basee qaama jijjiirraa raawwateen hin uwwifamu.
2) Abbaa Alangaa kaka'umsa Biirootiin yookiin Waajjira Abbaa Alangaa Godinaatiin jijjiirraan isaa kan raawwatame yoo ta'e, baasiin jijjiirraaf bahe qaama jijjiirricha raawwateen kan uwwifamu ta'a. Haala raawwii isaa Biiroon yookiin Godinni mijeessuu ni danda'a.
3) Baasiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin uwwifamu baasii geejjibaa kan Abbaa Alangichaafi maatii isaa, baasii mi'a ittiin geejjibsiisuu giddugaleessa godhachuun bifa durgoo oolmaatiin kan kaffalamu ta'a.
4) Durgoon oolmaa Abbaa Alangichaatiif akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin kaffalamu fageenya bakka Abbaan Alangichaa itti jijjiirame bu'uura godhachuun durgoo oolmaa bakka Abbaan Alangichaa itti jijjiirametiin kan kaffalamu ta'ee:
   (a) Godina tokko irraa gara Godina biroo deemsa guyyaa walakkatiin galamutti kan jijjiiramu yoo ta'e, durgoo guyyaa 5 (shan);
   (b) Godina tokko irraa gara Godina biroo deemsa guyyaa tokkootiin galamutti kan jijjiiramu yoo ta'e, durgoo guyyaa 10 (kudhan);

Abbaa Alangaa ... Oromia Regional ... General

(c) Godina tokko irraa gara Godina biroo deemsa guyyaa lamaafi isaa olitiin galamutti kan jijjiiramu yoo ta'ee, guyyaa 15 (kudha shanii);

(d) Godinicha keessatti Aanaa tokko irraa gara Aanaa dhihoo birootti kan jijjiiramu yoo ta'e, durgoo guyyaa 2 (lama);

(e) Godinicha keessatti Aanaa tokko irraa gara Aanaa fagoo birootti kan jijjiiramu yoo ta'e, durgoo guyyaa 5 (shan); kan kaffalamuuf ta'a.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 (a-c) jalatti kan jijjiirraa Godinatiif tumame, jijjiirraa Abbootii Alangaa Naannootiifis raawwatiinsa ni qabaata.

## 31. Jijjiirraa Idilee Raawwachuuf Haalawwan Guutamuu Qaban

1) Abbaan Alangaa tokko iddoo ramadamee hojjechaa jirutti yoo xiqqaate waggaa lamaafi isaa ol kan tajaajile ta'uu qaba.

2) Iddoon jijjiirraan itti gaafatame baajata kan qabuufi humna namaa dabalataa caasaadhaan hayyamame kan barbaadu ta'uu qaba.

3) Iddoon Abbaan Alangichaa irraa jijjiiramu sababa jijjiirraatiin hojiin mootummaa kan hin miidhamne ta'uu isaa qaamni jiijjiiricha raawwatu mirkaneeffachuu qaba.

4) Abbaan Alangichaa balleessaa naamusaatiin kan adabame yoo ta'e yeroo rikardii adabbii isaa kan xumureefi kan moggaafame ta'uu qaba.

## 32. Ulaagaalee Jijjiirraa Addaatiif Guutamuu Qaban

1) Iyyanni jijjiirraa addaa kan dhiyaatu Waajjirra Gumiitiif ta'ee ulaagaawwan armaan gadii irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a:

(a) Rakkoo fayyaa ifatti mul'atu yookiin miidhaa qaamaa naannoo sanatti Abbaa Alangichaa hojjechiisuu hin dandeessifne;

(b) Ragaa rakkoo fayyaa Boordii Meediikaalaa Hospitaala Ragicha kennuuf beekamtii qabu irraa dhiyaateefi iddoo jirutti yaalamuu kan hin danda'amne yoo ta'e;

(c) sababa dhukkubaa yookiin du'aatiin, maatii Abbaa Alangichaan namni bulchu kan hin jirre ta'uu isaa ragaa qaama ilaallatu irraa dhiyaateen yoo mirkanaa'e;

(d) Abbaan Alangichaa balleessaa osoo hin qabaatiin walitti bu'iinsa hojii keessatti uumameen yookiin sababa dirqama ogummaa isaa baheef dhiibbaa isarra dhaqqabu irraa kan ka'e bakka itti ramadametti hojjechuu kan hin dandeenye ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;

(e) Sababa miseensi maatii Abbaa Alangichaa yakka raawwateen Abbaan Alangichaa bakka yakki itti raawwatame sanatti hojjechuun rakkisaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e; yookiin

(f) Sababa hojiitiin jijjiirraa raawwachuun barbaachisaa ta'ee yoo argame.

2) Ragaan yaalaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b fi c) tiin dhiyaatu Boordii Meediikaalaa Hospitaalatiin kan mirkanaa'ee kenname turtii waggaa lamaa kan hin caalle ta'uu qaba.

3) Waajjirri Gumii iyyaannowwan jijjiirraa addaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 tiin ulaagaa jijjiirraa addaa kan guutan ta'uu adda baafachuun simatee keessumeessuu qaba. Kanneen ulaagaa jijjiirraa addaa hin guunne simatee keessumeessuu hin qabu.

4) Iyyannoowwan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin ulaagaa jijjiirraa addaa guutamee dhiyaachuun isaanii adda bahe Waajjirri Gumii akkaataa Dambichaa Keewwata 151 keewwata xiqqaa 10 tiin qindeessuun yaada murtii waliin Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.

5) Abbaan Alangaa jijjiirraan addaa akka raawwatamuuf iyyatu ragaalee sababoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(a-e) jalatti tarreeffame agarsiisuu danda'uun deeggaree iyyannoo isaa waggaa tokko keessatti yeroo lama kan hin caalleef dhiyeessuu qaba.

6) Waajjirri Gumii iyyata akkaataa keewata kana keewwata xiqqaa 4 tiin dhiyaatu baatii lama lamaan iddoo banaa baajata jiru waliin qindeesuun Gumii Waliigalatiif dhiyeessuu qaba.

7) Iyyata jijjiirraa addaa sababa adda addaatiin marsaa duraa irratti furmaata osoo hin argatiin hafee ragaa isaa sirnaan qindeessuun iyyannoowwan haaraa dhiyaatan waliin walgahii Gumii Waliigalaa dhimma jijjiirraa addaa ilaaluuf ajandaan qabame irratti yaada murtii waliin dhiyeessuu qaba.

## 33. Ulaagaaleefi Qabxii Dorgommii Jijjiirraa Idilee

Ulaagaaleefi qabxiin dorgommii jijjiirraa Abbootti Alangaa kanneen armaan gadii irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'a:

1) Rawwii Hojii-30%;
2) Rakkoo Hawwaasummaa-30%;
3) Muxannoo hojii-20%;
4) Sadarkaa Barumsaa-10%;
5) Naamusa-10%.

## 34. Haala Kenniinsa Qabxii Ulaagaa Dorgommii Jijjiirraa

1) Madaalliin raawwii hojii kan Abbaan Alangichaa waggoota lamaaf waliitti aansee giddu galeessaan argate qabxii 0.30 tiin baayiisuun bu'aa argame % 30 keessaa kan qabamuuf ta'a.

2) Sadarkaan barumsaa % 10 keessaa ta'ee, haala armaan gadiitiin kan qabamu ta'a:
   (a) Dippiloomaaf-----%4;
   (b) LLB tiif----%6;
   (c) LLB fi MA tiif-------%8;
   (d) LLM fi isaa oliif--- % 10.

3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a-d) tiin qabxiin ulaagaa barnootaatiif taa'e kan kennamu, akkaataa imaammata barnootaatiin sadarkaan barumsa isaa ragaa Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa (CoC) yookiin qormaata bahiinsa (Exit Exam) kan barbaachisu yoo ta'ee, ragaa kana kan dhiyeesse yoo ta'e qofa ta'a.

4) Sadarkaan barnootaa kan qabamu barnoota xumuuruu isaa kan ibsuu ragaa barnoota muummee yookiin sartafikeeta yeroof kenname yookiin ragichii Biiroo yookiin Waajjira Abbaa Alanagaa Godinaatti galmee dhuunfaa isaa keessatti kan argamu yookiin yeroo dorgommiif galmaa'u yoo dhiyeeffate qofaadha.

5) Qabxiin muuxannoo hojiitiif kennamu %20 keessaa ta'ee, Abbaan Alangaa muuxannoo hojii waggaa 20 fi sanaa ol qabu %20 keessaa qabxiin guutuun kan kennamuuf ta'ee, Abbaan Alangaa muuxanoon hojii isaanii waggaa 20 gadi ta'e immoo muuxannoo hojii waggaa tokko tokkoof qabxiin 0.5 irraa hir'ifamee qabxii 20 keessaa kan shallagamuuf ta'a. Haalli raawwii isaa akkaataa Miiltoo 1ffaa Qajeelfama kanaan walqabateen ta'a.

6) Akkaataan shallaggii muuxannoo hojii Abbaa Alangaa dorgommii jijjiirraaf haala shallaggiif mijachuu danda'uun tajaajilli waggoota irratti dabalataan ji'oota sagaliifi isaa ol yoo ta'e akka waggaa tokko guutuu tajaajileetti kan lakkaa'amu ta'a. Muuxannoo hojii waggoota irratti dabalataan jiru ji'oota sagalii gadi ta'e hin shallaggamu.

7) Rakkoon hawaasummaa Abbaa Alangaa qabu %30 keessaa kan qabamu ta'ee; rakkoon isaa ragaadhaan deeggaramee kan dhihaate yoo ta'e haala ulfaatina rakkoo isaatiin kan qabamuuf ta'ee, haallikenniinsa qabxii akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatamu ta'a:

   (a) Abbaan Alangichaa rakkoo fayyaa ifatti mul'atu yookiin miidhaa qaamaa naannoo sanatti isa hojjechiisuu hin dandeessifne qabaachuu ......... 30%;

   (b) Rakkoo fayyaa dhukkuba hin fayyine qabaachuu isaa ragaa boordii haakiimaatiin Hoospitaala ragicha kennuuf beekamtii qabu irraa yoo dhiyaate ...... 30%;

   (c) Sababa dhukkuba yookiin du'aatiin, maatii Abbaa Alangichaa namni bulchu kan hin jirre ta'uun isaa yoo mirkanaa'e ....... 28%;

   (d) Abbaan Alangichaa badii otoo hin qabaatiin walitti bu'iinsa hojii keessatti uumameen yookiin sababa dirqama ogummaa isaa baheef dhiibbaa isa irra dhaqqabu irraa kan ka'e bakka amma tajaajilaa jirutti tajaajiluu kan hin dandeenye ta'uun isaa ragaan yoo mirkanaa'e ---- 26%;

   (e) Sababa miseensi maatii Abbaa Alangichaa yakka raawwateen Abbaan Alangichaa bakka yakki itti raawwatame sanatti hojjechuun rakkisaa ta' uun yoo mirkanaa'e.... 24%;

   (f) Rakkoo fayyaa biroo ragaa Boordiin deeggarame ........... 22%;

(g) Ragaa gaa'elaa ragaa haatii manaa yookiin abbaan manaa Godina yookiin Aana jijjiirraan itti gaafatametti dhiyaatu keessatti argamu ibsu waliin dhiyaate ........ 20;

(h) Rakkoo fayyaa ragaa boordiin hin deeggaramneefi rakkoo hawaasummaa .......18%;

(i) Rakkoo hawaasummaa biroo ............... 16%.

**35. Shallaggii Muuxannoo Hojii Akkaataa Sadarkaa Godinaaleetiin**

1) Godinaaleen fageenya Finfinnee irraa qabaniifi haala jireenyaaf mijaa'aa ta'uu isaanii giddu galeessa godhachuudhaan jijjiirraafi ramaddii qofaaf akka armaan gadiitti sadarkaa sadiitti qoodamniiru:

   (a) Godinaalee sadarkaa 1ffaa: Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Magaalaa Adaamaa, Shawaa Bahaa, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Lixaafi Shawaa Kaabaa;

   (b) Godinaalee sadarkaa 2ffaa: Godina Arsii, Arsii Lixaa, Harargee Lixaa, Wallaggaa Bahaa, Jimmaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Buunnoo Beddellee; fi

   (c) Godinaalee sadarkaa 3ffaa: Godina Baalee, Baalee Bahaa, Gujii, Gujii Lixaa, Harargee Bahaa, Boorana, Iluu Abbaa Booraa, Wallagga Lixaafi Qeellam Wallaggaa dha.

2) Tajaajjilli muuxannoo hojii Abbaa Alangaa Godinaalee sadarkaa 3ffaa keessatti kenne dhimma dorgommii jijjiirraa qofaaf dachaa ta'ee kan lakkaa'amuuf ta'a.

3) Tajaajjilli muuxannoo hojii Abbaa Alangaa Godinaalee sadarkaa 2ffaa keessatti kenne irratti dabalataan harki shantamni muuxannoo hojii isaatti dabalamee kan lakkaa'amuuf ta'a.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 fi 3 irratti kan tumame hojii irra oolu kan danda'u Abbaan Alangaa bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin bakka ramadame sanatti yoo xiqqaate waggaa 2 kan tajaajile yoo ta'e qofadha.

5) Waajjirri Abbaa Alangaa Godinaa fageenya magaalaa teessoo Godinicha irraa qabaniifi haala jireenyaaf mijaa'aa ta'uu isaanii giddugaleessa godhachuudhaan Aanaalee isaanii sadarkaa sadiitti qoodu qabu.

6) Muuxannoon hojii Abbaa Alangaa akkaataa keewwata kanaatiin shallaggamu muuxannoo hojii Abbaan Alangichaa ogummaa Abbaa Alangummaatiin hojjete qofa kan ilaallatudha.

**36. Akkaataa Shallaggii Naamusa yookiin Qulqullina Kuusaa Abbaa Alangaa**

Naamusni yookiin qulqullinni kuusaa Abbaa Alangaa %10 keessaa kan qabamu ta'ee, qabxiin madaallii Abbaan Alangaa dhimma naamusaa irratti bu'uura Qajeelfama Sirna Madaallii Abbootii Alangaa Lakkoofsa 15/2013 tiin argate kan waggaa lamaa giddugaleessaan %10 keessaa kan qabamuuf ta'a.

## 37. Haala Raawwii Dorgommii Jijjiirraa

1) Iddoon duwwaa jiru lakkoofsa Abbaa Alangaa jijjiirraa gaafataniin waliin walqixa yookiin isaa gadi yoo ta'e, Abbootii Alangaa bakkichatti jijjiirraa gaafataniif jijjiirraan kallattin ni raawatama.
2) Abbootii Alangaa jijjiirraaf dorgomanii qabxii wal-qixa fidan keessaa Abbaa Alangaa dhukkuba hin fayyine qabuuf dursi ni kennamaaf. Haata'u malee lamaafi sanaa ol yoo ta'an Abbaa Alangaa gaa'ela qabuuf dursi ni kennama.
3) Abbootii Alangaa jijjiirraaf dorgomanii qabxii wal-qixa fidan keessaa bakka Abbaan Alangaa dhukkuba hin fayyineen qabame hin jirretti Abbaa Alangaa rakkoo fayyaa biroo qabuuf dursi ni kennamaaf.
4) Dorgomtoonni keewwata kana keewwata xiqqaa 2 fi 3 jalatti ibsaman kan hin jirree yoo ta'an, Abbaa Alangaa miidhaa qamaa qabaniif dursi kan kennamuuf ta'ee, sababa miidhaa qaamaa qabaniin iddoo amma hojjechaa jiraniitti ittifufiinsaan hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu isaa mirkanaa'uu qaba.
5) Gumiin ragaa yaalaa dhiyaate irratti hundaa'uun jijjiirraa raawwachuun dura dhukkubni Abbaa Alangichaa kan hin fayyine yookiin rakkoo fayyaa kan biroo kan qabuufi sababa dhukkuba kanaatiin bakka amma itti hojjechaa jirutti itti fufiinsaan hojjechiisuu kan hin dandeenye ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
6) Dorgomtoonni keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti ibsaman kan hin jirre yoo ta'e, Abbaa Alangaa gara maatii isaaniitti dhiyaachuuf jijjiirraa gaafataniif dursi ni kennamaaf.
7) Dorgomtoonni carraan dursaa kennameef qabxii wal-qixa kan argatan yoo ta'e, dubartiif dursi ni kennama.
8) Dorgomtoonni koornayaa wal fakkaatu qaban qabxii wal qixa yoo fidan dorgomaa rawwii hojiitiin caalmaa qabuuf dursi kan kennamu ta'ee, rawwii hojii isaaniitiinis wal qixa yoo ta'an dorgomaa qabxii tajaajilaa muuxannoon caalmaa qabuuf dursi ni kennama. Haala kanaan addaan baasuun kan hin danda'amne yoo ta'e dorgomaa qabxii madaallii naamusaan caalmaa qabuuf duursi ni kennamaaf.
9) Dorgomaan jijjiirraa gaafatee dorgomee erga jijjiirraan hayyamameefii booda bakka itti jijjiirametti sababa gahaa malee deemuu diduudhaan carraa jijjiirraa argatetti kan hin fayyadamne yoo ta'e, gitni hojii banaa baajata qabu yoo jiraate iddoo irraa jijjiirametti hafee akka hojjetu taasifamee hanga waggaa lamaatti dorgommii jijjiirraaf galmaa'uu hin danda'u.
10) Abbootiin Alangaa Aanaa, Godina tokko irraa gara Godina birootti jijjiirraadhaan ramadaman iddoo banaa Aanaalee Godina sanaa keessa jiranitti ramadamuudhaaf kan dorgoman Abboottii Alangaa Aanaa Godina sana keessatti jijjiirraadhaan Godina biroo irraa dhufan waliin ta'uu qaba.

**38. Jijjiirraa Seeraan Ala Raawwatame**

1) Jijjiirraan ragaa sobaa yookiin gocha gowwoomsuutiin argame yeroo kamiyyuu ni haqama.

2) Abbaan Alangaa ragaa sobaa dhiyeesse yookiin gocha gowwomsuuutiin jijjiirraa argate yookiin qaamni jijjiirrichi akka raawwatamuuf yaale kamiyyuu naamusaan kan ittigaafatamu ta'a.

3) Ragaan jijjiirraaf dhiyaate ragaa sobaa ta'uu isaa yookiin gocha goowwoomsuun kan argame ta'uu isaa osoo beekuu ittigaafatamaan hojii yookiin qaamni jijjiirraan akka raawwatamu taasise kamiyyuu naamusaan kan ittigaafatamu ta'a.

**39. Haala Komiin Guddinaafi Jijjiirraa Itti Dhiyaatu**

1) Abbaan Alangaa murtii guddinaa yookiin jijjiirraa Gumiin Waliigalaatiin kenname irratti komii kan qabu yoo ta'e, komii isaa guyyaa murtiin kenname isaa qaqqabe irraa eegalee guyyaa hojii 15 keessatti komii isaa barreeffamaan Waajjira Gumiitti dhiyeeffachuu ni danda'a.

2) Abbaan Alangaa murtii jijjiirraa Gumii Godinaatiin kenname irratti komii kan qabu yoo ta'e, komii isaa barreeffamaan guyyaa murtiin kenname isa dhaqqabe irra eegalee guyyaa 15 keessatti ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaatti dhiyeeffachuu ni danda'a.

3) Ittigaafatamaan Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa komii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin dhiyaate guyyoota hojii 10 keessatti komiin dhiyaate amansiisaa yoo ta'e Gumii Godinaatti dhiyeessuun murtiin akka kennamu ni taasisa.

4) Abbaan Alangaa murtii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin kenname irratti komii kan qabu yoo ta'e Waajjira Gumii Waliigalaatti komii isaa guyyaa murtiin Gumii Godinaa isa qaqqabe irraa eegalee guyyaa hojii 10 keessatti dhiyeeffachuu ni danda'a.

5) Waajjiri Gumii komii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 4tiin isa qaqqabe qulqulleeffachuun guyyaa hojii 10 keessatti yaada murtii waliin Gumii Waliigalatiif dhiyeessuu qaba.

6) Gumiin Waliigalaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 5 tiin komii dhiyaateef ji'a tokko keessatti murtii kennuu qaba. Murtiin Gumii Waliigalaatiin kennumus murtii dhumaa ta'a.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda Addaa

### 40. Aangoo Qajeelfama Fooyyessuu

Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

### 41. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabne

1) Qajeelfama Lakkoofsa 8/2006 keessatti tumaaleen guddina sadarkaafi jijjiirraa Abbaa Alangaa ilaallatan qajeelfama kanaan haqamanii jiru.
2) Qajeelfamniifi barmaatileen hojii qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyu dhiimmoota qajeelfama kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

### 42. Yeroo Qajeelfamichi Hojii Irra Itti Oolu

Qajeelfamni kun guyyaa Gumii Waliigalaatiin mirkanaa'e **Ebla guyyaa 18 bara 2014** irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**

**Ebla guyyaa 18, bara 2014**

Addunyaa Ahimad

Abbaa Alangaa Waliigalaafi Walitti-qabduu Gumii Waliigalaa

Addunyaa Ahmad Ussoo
አዱኛ አህመድ ኡሶ
Hooggantuu Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ጠቅላይ ዐቃቤ ሕግ ቢሮ ኃላፊ

Abbaa Alangaa ... Oromia Region ... ey General

## Miiltoo 1ffaa

### Haala Shallaggiin Muuxannoo Hojii Abbaa Alangaa Itti Raawwatamu

| Lakk. | Muuxannoo Hojii Abbaa Alangaa | Shallaggii Qabxii % 20 Keessaa | Ibsa |
|---|---|---|---|
| 1. | Waggaa 20 fi isaa ol | 20 | |
| 2. | Waggaa 19 | 19.5 | |
| 3. | Waggaa 18 | 19 | |
| 4. | Waggaa 17 | 18.5 | |
| 5. | Waggaa 16 | 18 | |
| 6. | Waggaa 15 | 17.5 | |
| 7. | Waggaa 14 | 17 | |
| 8. | Waggaa 13 | 16.5 | |
| 9. | Waggaa 12 | 16 | |
| 10. | Waggaa 11 | 15.5 | |
| 11. | Waggaa 10 | 15 | |
| 12. | Waggaa 9 | 14.5 | |
| 13. | Waggaa 8 | 14 | |
| 14. | Waggaa 7 | 13.5 | |
| 15. | Waggaa 6 | 13 | |
| 16. | Waggaa 5 | 12.5 | |
| 17. | Waggaa 4 | 12 | |
| 18. | Waggaa 3 | 11.5 | |
| 19. | Waggaa 2 | 11 | |

## Miiltoo 2ffaa

## Ulaagaa Barnootaafi Muuxannoo Hojii Dorgommii Guddinaatiif Barbaachisu

| T.L. | Sadarkaa Gita Hojii Abbaa Alangaa | Naannootti | | Godinaatti | | Aanaa/ Magaalaatti | | Ibsa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Sadarkaa Barnootaa | Muuxannoo Hojii | Sadarkaa Barnootaa | Muuxannoo Hojii | Sadarkaa Barnootaa | Muuxannoo Hojii | |
| 1 | 7ffaa | LLB | Waggaa 20 | LLB | Waggaa 18 | Dip. Seeraa | Waggaa 18 | |
| | | LLB+MA | Waggaa 19 | LLB+MA | Waggaa 17 | LLB | Waggaa 16 | |
| | | LLM | Waggaa 18 | LLM | Waggaa 16 | LLB+MA | Waggaa 15 | |
| | | PhD | Waggaa 17 | | | LLM | Waggaa 14 | |
| 2 | 6ffaa | LLB | Waggaa 18 | LLB | Waggaa 16 | Dip.Seeraa | Waggaa 14 | |
| | | LLB+MA. | Waggaa 17 | LLB+MA | Waggaa | LLB | Waggaa 12 | |
| | | LLM | Waggaa 16 | LLM | Waggaa 14 | LLB+MA | Waggaa 10 | |
| | | PhD | Waggaa 14 | | | LLM | Waggaa 8 | |
| 3 | 5ffaa | LLB | Waggaa 16 | LLB | Waggaa 14 | Dip.Seeraa | Waggaa 10 | |
| | | LLB+MA | Waggaa 15 | LLB+MA | Waggaa 13 | LLB | Waggaa 8 | |
| | | LLM | Waggaa 14 | LLM | Waggaa 12 | LLB+MA | Waggaa 7 | |
| | | PhD | Waggaa 12 | | | LLM | Waggaa 6 | |
| 4 | 4ffaa | LLB | Waggaa 14 | LLB | Waggaa12 | Dip.Seeraa | Waggaa 8 | |
| | | LLB+MA | Waggaa 13 | LLB+MA | Waggaa 11 | LLB | Waggaa 6 | |
| | | LLM | Waggaa 12 | LLM | Waggaa 10 | LLB+MA | Waggaa 5 | |
| | | PhD | Waggaa 10 | | | LLM | Waggaa 4 | |
| 5 | 3ffaa | LLB | Waggaa 12 | LLB | Waggaa 10 | Dip.Seeraa | Waggaa 6 | |
| | | LLB+MA | Waggaa 11 | LLB+MA | Waggaa 9 | LLB | Waggaa 4 | |
| | | LLM | Waggaa 10 | LLM | Waggaa 8 | LLB+MA | Waggaa 3 | |
| | | PhD | Waggaa 8 | | | LLM | Waggaa 2 | |
| 6 | 2ffaa | LLB | Waggaa 10 | LLB | Waggaa 8 | Dip.Seeraa | Waggaa 4 | |
| | | | | | | LLB- +Leenjii yeroo dheeraa kan xumure/tte | - | Hojiin duraa yookiin hojii irraa |
| | | LLB+MA | Waggaa 9 | LLB+MA | Waggaa 7 | - | | |
| | | LLM | Waggaa 8 | LLM | Waggaa 6 | - | | |
| | | PhD | Waggaa 6 | | | | | |
| 7 | 1ffaa | LLB | Waggaa 8 | LLB | Waggaa 6 | Leenjii hojii duraa kan hin fudhannefi Muuxannoo hojii hin qabne | | Aanaa irratti Gargaaraa Abbaa Alangaa Aanaa ta'a. |
| | | LLB+MA | Waggaa 7 | LLB+MA | Waggaa 5 | - | | |
| | | LLM | Waggaa 6 | LLM | Waggaa 4 | - | | |

### Miiltoo 3ffaa: Iskeelii Mindaa Abbootii Alangaafi Muudamtoota Gumii Kan Biroo

| Sadarkaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| T.L. | Sadarkaa Gita Hojii | Mindaa Ka'umsaa | Gulantaalee Mindaa | | | | | | | | | |
| | | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Baaxii |
| 1 | Qondaala Funaanaa Odeeffannoo | 6,046 | 6288 | 6476 | 6671 | 6871 | 7077 | 7289 | 7508 | 7733 | 7965 | 8204 |
| 2 | Qondaala Calalttuu Odeeffannoo | 13,066 | 13458 | 13862 | 14278 | 14706 | 15147 | 15601 | 16070 | 16552 | 17048 | 17560 |
| 3 | Ogeessa Calaaltuu Odeeffannoo | 13,066 | 13458 | 13862 | 14278 | 14706 | 15147 | 15601 | 16070 | 16552 | 17048 | 17560 |
| 4 | Ogeessa Mahaandisii Qorannaa Yakka Malaammaltummaa | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 5 | Ogeessa Odiitii Qorannaa Yakka Malaammaltummaa | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 6 | Ogeessaa Bittaa Qorannaa Yakka Malaammaltummaa | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 7 | Ogeessa Hiikkaa Afaanii | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 8 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 1ffaa | 20,682 | 20992 | 21307 | 21627 | 21951 | 22280 | 22615 | 22954 | 23298 | 23648 | 24002 |
| 9 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 2ffaa | 21,490 | 21812 | 22140 | 22472 | 22809 | 23151 | 23498 | 23851 | 24208 | 24571 | 24940 |
| 10 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | 22,330 | 22665 | 23005 | 23350 | 23700 | 24056 | 24417 | 24783 | 25155 | 25532 | 25915 |
| 11 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | 23,202 | 23550 | 23903 | 24262 | 24626 | 24995 | 25370 | 25751 | 26137 | 26529 | 26927 |
| 12 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | 24,109 | 24471 | 24838 | 25210 | 25588 | 25972 | 26362 | 26757 | 27159 | 27566 | 27979 |
| 13 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 6ffaa | 25,016 | 25391 | 25772 | 26159 | 26551 | 26949 | 27354 | 27764 | 28180 | 28603 | 29032 |
| 14 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 7ffaa | 25,923 | 26312 | 26707 | 27107 | 27514 | 27926 | 28345 | 28771 | 29202 | 29640 | 30085 |
| 15 | Qindeessaa Garee | 26,870 | | | | | | | | | | |
| 16 | Ittigaafatamaa Waajjiraafi Daayireektara | 27,840 | | | | | | | | | | |
| 17 | Sad. Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti Gorsaa | 28,800 | | | | | | | | | | |
| 18 | Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa | 28,800 | | | | | | | | | | |
| 19 | Abbaa Alangaa Waliigalaa | 30,400 | | | | | | | | | | |

## Sadarkaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa

| T.L. | Sadarkaa Gita Hojii | Mindaa Ka'umsaa | Iskeelii Mindaa | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Baaxii |
| 1 | Qondaala Funaanaa Odeeffannoo Yakka Malaammaltummaa | 6,046 | 6288 | 6476 | 6671 | 6871 | 7077 | 7289 | 7508 | 7733 | 7965 | 8204 |
| 2 | Ogeessa Simannaa Odeeffannoo Yakka Malaammaltummaa | 13,066 | 13458 | 13862 | 14278 | 14706 | 15147 | 15601 | 16070 | 16552 | 17048 | 17560 |
| 3 | Ogeessa Hordoffii Dhimma Yakka Diinagdee | 13,066 | 13458 | 13862 | 14278 | 14706 | 15147 | 15601 | 16070 | 16552 | 17048 | 17560 |
| 4 | Ogeessa Odiitii Dhimma Yakka Diinagdee | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 5 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 1ffaa | 17,224 | 17500 | 17780 | 18064 | 18353 | 18647 | 18945 | 19248 | 19556 | 19869 | 20187 |
| 6 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 2ffaa | 17,896 | 18182 | 18473 | 18769 | 19069 | 19374 | 19684 | 19999 | 20319 | 20644 | 20975 |
| 7 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | 18,595 | 18893 | 19195 | 19502 | 19814 | 20131 | 20453 | 20780 | 21113 | 21451 | 21794 |
| 8 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | 19,322 | 19631 | 19945 | 20264 | 20589 | 20918 | 21253 | 21593 | 21938 | 22289 | 22646 |
| 9 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | 20,077 | 20398 | 20725 | 21056 | 21393 | 21735 | 22083 | 22436 | 22795 | 23160 | 23531 |
| 10 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 6ffaa | 20,832 | 21165 | 21504 | 21848 | 22198 | 22553 | 22914 | 23280 | 23653 | 24031 | 24416 |
| 11 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 7ffaa | 21,587 | 21932 | 22283 | 22640 | 23002 | 23370 | 23744 | 24124 | 24510 | 24902 | 25301 |
| 12 | Qindeessaa Garee | 22,342 | | | | | | | | | | |
| 13 | Abbaa Adeemsaa | 23,097 | | | | | | | | | | |
| 14 | Itti Aanaa Ittigaafatamaa | 24,090 | | | | | | | | | | |
| 15 | Ittigaafatamaa Waajjiraa | 25,090 | | | | | | | | | | |

## Sadarkaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa/Magaalaa

| T.L. | Sadarkaa Gita Hojii | Mindaa Ka'umsaa | Gulantaalee Mindaa | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | Baaxii |
| 1 | Ogeessa Hordoffii Dhimma Yakka Diinagdee | 13,066 | 13458 | 13862 | 14278 | 14706 | 15147 | 15601 | 16070 | 16552 | 17048 | 17560 |
| 2 | Ogeessa Odiitii Dhimma Yakka Diinagdee | 13,963 | 14382 | 14813 | 15258 | 15715 | 16187 | 16673 | 17173 | 17688 | 18219 | 18765 |
| 3 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 1ffaa | 13,995 | 14219 | 14446 | 14678 | 14912 | 15151 | 15393 | 15640 | 15890 | 16144 | 16402 |
| 4 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 2ffaa | 14,502 | 14734 | 14970 | 15209 | 15453 | 15700 | 15951 | 16206 | 16466 | 16729 | 16997 |
| 5 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 3ffaa | 15,029 | 15269 | 15514 | 15762 | 16014 | 16270 | 16531 | 16795 | 17064 | 17337 | 17614 |

| | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 4ffaa | 15,573 | 15822 | 16075 | 16333 | 16594 | 16859 | 17129 | 17403 | 17682 | 17965 | 18252 |
| 7 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 5ffaa | 17,098 | 17372 | 17650 | 17932 | 18219 | 18510 | 18806 | 19107 | 19413 | 19724 | 20039 |
| 8 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 6ffaa | 17,642 | 17924 | 18211 | 18502 | 18798 | 19099 | 19405 | 19715 | 20031 | 20351 | 20677 |
| 9 | Abbaa Alangaa Sadarkaa 7ffaa | 18,186 | 18477 | 18773 | 19073 | 19378 | 19688 | 20003 | 20323 | 20648 | 20979 | 21314 |
| 10 | Abbaa Adeemsaa | 18,886 | | | | | | | | | | |
| 11 | Ittigaafatamaa Waajjiraa | 19,886 | | | | | | | | | | |

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa * Oromia Regional ... ncy General *